A WORKSHEET PREPARED TO HELP THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES AND THOSE WHO RE-TAKE THE PROFESSIONAL COMPETENCY ASSURANCE TEST IN SUPPLEMENTING THE ANNUAL WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-19

Biiroo Barnoota Oromiyaa

unicef

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Kutaa-I: BEEKUMSA QABIYYEE BARNOOTAA

Gaaffilee kanaa gadiif filannoowwan tokkoo tokkoo gaaffilee jalatti , deebii sirrii qubee qabatee jira jettu tokko qofa filachuun, waraqaa deebiirratti qubee guddaan deebii sirrii isa qabate guuti. (Gaaffilee kunneen beekumsa qabiyyee ogummaa % 70 qabateejira.)

1) Jechoota armaan gadii keessaa kan hudhaan iddoo sirriitti barreeffame isa kami?

A. Ree'e B. Qee'e C. Bala'aa D. Ba'aa

2) Sirna tuqaalee sirriitiin barreeffamee kan argamu filadhu:

A. Gammachuun mana barumsaa deeme?
B. Abbaan Afraasaa boru dhufaa.
C. Sareen nu nyaattee eessa seenna,
D. Bilisummaan mana barumsaa jirti

3) Hima 'Goobanaan obboleessa isaa waliin dhufe' jedhu keessatti dhamjechi hennaa darbe argisiisu jecha kamirratti maxxanee argama?

A. Goobanaan C. Dhufe
B. Obboleessa D. Waliin

4) Jechoota armaan gadii keessaa kan dhamjecha {-dhaan} hinmaxxanfanne isa kami?

A. Miila C. Qarabaa
B. Kophee D. Qottoo

5) Gamoon sun <u>bu'uuruma</u> isaarraayyuu haalaan waan hinijaaraminiif jige. Hiikni jecha jala muramee:

A. Baaxuma C. Guduunfuma
B. Ka'umsuma D. Faayiduma

6) Gaaffii 'Caalaan yoom dhufa?' jedhuuf deebii ta'uu kan hindandeenye isa kami?

A. Kaleessa C. Iftaan
B. Boru D. Torban dhufu

7) Uummanni keenya jabaatee yoo hojjetee yeroo dhihootti hiyyummaarratti injifannoo argata. Hiikni jecha jala muramee isa kami?

A. Muuxannoo C. Moo'iinsa

B. Argannoo D. Kabajiinsa

8) Himoota armaan gadii keessatti jechi 'tume' jedhu hiika 'reebe' jedhu kan argamsiisu isa kam keessatti?

A. Roobni garmalee tume C. Roorrisaan diina isaa tume

B. Roobaan mirgoo tume D. Rabbirraan garbuu tume

9) Jechoota armaan gaditti dhihaatan keessaa kan irra butaa ofkeessaa qabu isa kami?

A. Bilisummaa C. Sagaagalummaa

B. Bardheengaddaa D. Mootummaa

10) 'Biiroo Barnoota Oromiyaa' kan jedhuuf gabaajee sirriin isa kami?

A. BBBM C. BBO

B. BBM D. OBB

11) Jechoota armaan gadii keessaa kan sagalee dheeradhaan hinbarreeffamin isa kami?

A. Gaalee C. Gara

B. Maatii D. Gaalaa

12) Rifeensa sirreeffachuu yoo jenne ilkaan_____ jenna.

A. Tumachuu C. Miiccacuu

B. Rigachuu D. Kolfachuu

13) Okkotee shuummoo nidhiqu yoo jenne elemtuu aannanii_____jenna.

A. Niraasu C. Nidhimbiibu

B. Niqoraasu D. Ni'elmu

14) Nama dheeraa jedhee nama gabaabaa yoo jedhe nama fokkuu jedhee nama_____ jedha.

A. eebbifamaa C. Bareeda

B. Dheeraa D. Cubbamaa

15) Jechoota armaan gadii keessaa maxxantuu boodaa {-ota} maxxanfachuudhaan heddummina kan hinargamsiifne isa kami?

A. Mana B. Yaada

C. Baala D. Gaara

16) Mata-duree barreeffamaa erga filannee booda qabiyyeesaa murteessuuf kan irra caalaa ka'umsa nuuf ta'u danda'u isa kami?

A) Kaayyoo barreeffamaa

B) Eenyummaa dubbistootaa fi dandeettii barreessaa

C) Kaayyoo barreeffamaa fi eenyummaa dubbistootaa

D) Gosa barreeffama filatamee.

17) Barataan yeroo mara yaadannoo dabtararratti barreeffate yemmuu qo'atu qalama halluu adda addaatiin qabxiilee xiyyeeffannoo kennuufii barbaade jala sararu tarsiimoolee barachuu armaan gadii keessaa kamiin fayyadama jechuudha?

A) Gur-ulee C) Hoj-ulee

B) Ij-ulee D) Haasolee

18) Tartiiba buna danfisuuf hordofamuu qabu ibsuuf keeyyanni barreeffamu maal jedhama?

A. Ibsaa B) Addeessaa C) Mormii D) Seenessaa

19) Kanneen armaan gadii keessaa barsiisaa Afaan Oromoo ga'umsa qabu ta'uuf kamtu barbaachisaadha?

A. Beekumsa Seer-luga Afaan Oromoo fi yaad-hiddama baruu fi barsiisuu

B. Dandeettii malawwan baruu fi barsiisuu mijaawoo filachuu fi fayyadamuu

C. Ilaalcha ogummaa barsiisuutiif qabu

D. Martinuu murteessoodha.

20) Jechoonni Afaan Oromoo "Kibxata, Facaasaa, Bal'oo" looga bakka adda addaatti dubbataman yoo ta'an hiika walfakkaatuu qabu. Garaagarummaan loogaa kun maal jedhama?

A. Looga sabummaa C) looga naannoo

B. Looga hawaasummaa D) looga idilee

21) Dubbisa keessaa jechoota haaraa jiran mara hiikasaanii galmee jechootaa keessa ilaaluuf yaaliin godhamu dubbisuurratti dhiibbaa maalii qaba?

A. Ergaa dubbisaa haala quubsaadhaan hubachuuf gargaara.

B. Odeeffannoo dubbisaa saffisaan fudhachuuf ni fayyada

C. Saffisa dubbisaatti gufuu ta'a; odeeffannoo quubsaa argachuuf ni fayyada.

D. Saffisaa fi hubannoo dubbisuutti gufuu ta'a.

22) Nama raadiyoo keessaa haasa'u tokko erga dhaggeeffannee booda waa'ee dubbataa kamiin tilmaamuutu danda'ama?

A. Ogummaasaa
B. sadarkaa beekumsasaa
C. bakka dhalootaa fi guddinasaa
D. hundaa tilmaamuun ni danda'ama

23) Dhufanii deeman. Matimni dhoksaa hima kanaa:

A. Nuyi B. Isin

C. Isaan D.Isheen

24) Barataan tokko barattoota hedduu qorumsa dabranii maqaansaanii gabatee beeksisaarratti maxxansame keessa maqaansaa jiraachuu mirkaneeffachuuf dubbisa yoo ta'e tarsiimoo dubbisuu isa kamiin fayyadama?

A) Sakatta'aan dubbisuu C) Qayyabannoon dubbisuu

B) Saffisaan dubbisuu D) Qalbifannoon dubbisuu

25) Qunnamtii fuulaan namoota lama gidduutti geggeeffamu keessatti ga'een dubbataa fi dhaggeeffataa maali?

A) Ga'een dhaggeeffataa dhaggeeffachuudha; kan dubbataammoo dubbachuudha.

B) Dubbataa fi dhaggeeffataan ga'eesaanii wal jijjiiruu danda'u.

C) Dubbataa fi dhaggeeffataan ga'eesaanii wal jijjiiruu hindanda'anu

D) Dhaggeeffataan hanga dubbataan xumurutti dhaggeeffachuu hin danda'u.

26) Barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa barsiisan kanneen armaan gadii keessaa kamirratti barattootasaanii gargaaruu qabu?

A. Qubeewwan jechoota dubbisa keessa jiranii sirriitti sagaleessuuf barattoonni xiyyeeffannoo olaanaa akka kennan gorsuuf

B. Yaada barreeffamaa hubachuuf xiyyeeffannoo guddaa akka kennan

C. Qubeewwan jechootaa sirriitti sagaleessuu fi hiika barreeffamaa hubachuuf xiyyeeffannoo walqixa akka kennan

D. Qubeewwan sirriitti sagaleessuuf xiyyeeffannoo ol aanaa kennuudhaan hiika itti kennuuf xiyyeeffannoo gad-aanaa akka kennan gargaaruu

27) Tolaan saree ajjeesse. Hima kana keessatti antimni kallattii:

A. olaa

aree C. Ajjeese

B. D. Hunda

28) ____Kaayyoo gooroon dubbisuu barachuu inni bu'uuraa maali?

A. Jechoota sirriitti sagaleessuu danda'uudha.

B. Ergaa barreeffamaa hubachuu danda'uudha

C. Saffisaan dubbisuu danda'uudha.

D. Qubeewwan afaanii beekuudha

29) Soorettiin boosettii waan taateef, yeroo hunda fuula ishee hin dhiqattu. Kan jala sararame:

A. Ciroo hirkataa B. Cirooofdanda'a D. Jecha

C. Hima

30) Waan sooressa taheef,_____

A. nyaata gahaa hinargatu. C. garmalee dheebota.

B. Namaan waldhaba. D. Fedhii isaa hunda guuttata.

31) Kanneen asii gadii keessaa hubannoo sagalee dubbiifi qubee kamtuu agarsiisa?

A. Sagaleewwan dhaga'uu C. Sagaleewwan adda baasuu

B. Hubannoo katabbii D. Sagaleewwan walitti makuu

32) Hubannoo dubbisa daree keessaa milkaa'aa taasisuuf, sadarkaan dubbisuu raawwatamuu qabu:

A. Dubbisa dura C. Yeroo dubbisuu

B. Dubbisa booda D. Hunduu sirriidha

33) Jecha"*goromsa*" jedhu birsagaan yeroo qoodamu:

A. gor + om + sa C. go + rom + sa

B. goro + msa D. goromsa

34) Harreen alaake yoo jenne fardi _____ jenna.

A. Himimse C. Ililche

B. Mar'ate D. Bookkise

35) Namaaf guntuta yoo jenne sa'aaf_____ jenna.

A. Waatii
C. Harma
B. Jabbii
D. Maala

36) Ganamaaf bariite yoo jenne galgalaaf _____jenna.

A. Dhiite
C. dukkanoofte
B. Baate
D. ifte

37) Tapha hiibboo keessatti inni deebii kennuu dadhabe maal adabama?

A. Gaaffii dabalataa gaafatama
D. Tapha sanaan ala taasisama
B. Biyya akka laatu taasisama
C. Kophaasaa akka taa'u godhama

38) Barreessaan walaloo walaleessaa yoo jedhamu barreessaan asoosamaa maal jedhama?

A. Asoosaa
C. Shubbisaa
B. Weeddisaa
D. Sirbisiisaa

39) Mucaan teenya afaan hiikkatte. Hiikni jecha jala muramee:

A. Barte
C. Dabde
B. Gatte
D. Jibbite

40. Dhaggeeffatoonni cimoon waan dhaggeeffatan tokko sirriitti hubachuuf, sagaleewwan dhaga'an walitti fiduudhaan jechoota ijaaraa, qindeessuudhaan hima uumuu danda'uun isaanii maal jedhama?

A. Tarsiimoo saffisaa
C. Tarsiimoo sakatta'aa
B. Tarsiimoo irraa-gadii
D. Tarsiimoo jalaa-olii

41. Dachaasaan barattoonni isaa, daree barnoota isaaniitti, dandeettii dhaggeeffachuu akka gabbifataniif qabiyyee dhaggeeffannaaf qophaa'e yommuu inni dubbisuuf, barattoonni immoo dhaggeeffachaa deebii deebisuuf yaalu. Adeemsi akkanaa kun sadarkaa dhaggeeffannaa kam keessatti ramadamu?

A. Dhaggeeffachuu duraa
C. Yeroo dhaggeeffachuu
B. Dhaggeeffachuun booda
D. Kakaasuu jalqabaa

42. Haala ifa ta'een yommuu kaa'amu, faayidaaleen gochaalee dhaggeeffachuun duraa isa kam ta'uu danda'a?

A. Fedhii barattootaa kakaasuu
B. Meeshaalee ga'aa dhiyeessuu

C. Yeroo ga'aa kennuu
D. Ga'umsa barattootaa daree

43. Dandeettiiwwan afaanii armaan gadii keessaa yeroo dheeraaf, uummata Oromoo birratti xiyyeeffannoo guddaa argachaa kan ture kami?

A. Barreessuu
C. Dubbisuu
B. Dubbachuu
D. Seer-luga

44. Sagaleen dubbii hidhilkee kan uumamu hidhiin gadaanuufi ilkaan olaanu yemmuu waltuqan ta'a. Sagaleewwaan kanneen agarsiisi.

A. /f/, fi /v/ dha.
C. /t/ fi /d/ dha
B. /z/ fi /s/ dha
D. /n/ fi /m/ dha

45. Sagaleewwaan hundeen arrabaa kokkeetti dhiyaachuudhaan uumamu kami?

A. /g/ fi /q/
C. /r/ fi /l/
B. / '/ fi /h/ dha
D. / w/ fi /y/

46. Ol ka'iinsa fi gad bu'iinsa sagalee dubbiirratti kan ida'amu _____ jedhama.

A. dhamsaga
C. xiinsaga
B. Saaguu
D. irsaga

47. Yaada waliigalaa dubbisa tokkoo argachuu yoo barbaade, tarsiimoo dubbisaa kamtuu si fayyada?

A. Saffisaan dubbisuu
C. Sakatta'uun dubbisuu
B. Callisaan dubbisuu
D. Hunduu sirriidha

48. Ariitii dubbisaan tokko sagalee olfuudhee dubbisu maal jedhama?

A. Saffisa
C. Ibsa waliinii
B. Ga'umsa
D. Sirrumaa

49. Battalaan jecha ilaalanii sirnaan hubachuun qajeelchanii waamuu danda'uun _____jedhama.

A. Saffisa
C. Sirrummaa
B. Ga'umsa
D. Ibsa waliinii

50. Qabiyyeen mammaaksa," Yoo humna qabaatan sagaliin lolan, yoo humna dhaban sagalee tolan," jedhu kun:

A. Dhugaa mul'isa
C. Wallaalummaa
B. Hiriyyummaa
D. Tooftaa agarsiisa

51. Qabiyyeen mammaaksaa," Raammoon foonii fooni," jedhu kun isa kami?

A. Hiriyyummaa
B. Firooma

C. Diinummaa
D. Hammeenya

52. Hawwiin barsiistuu Afaan Oromoo kutaa 7ffaa ti. Asoosama "Gurraacha Abbayyaa" jedhu keessaa keeyyata 3 qunxuruun barattoota ishee bashannansiisaa fi gammachisaa, barattoota fedhii hin qabnes kakaasaa ga'umsaan dubbisuufi hubannoo isaanii akka foyyeeffatan gargaarti. Kunis maal jedhamuun beekama?

A. Tiyaatira dubbisaa
C. Dubbisa gamtaa
B. Dubbisa hiriyaa
D. Dubbisa garee xiqqaa

53. Tolashiin barsiistuu Afaan Oromoo, kutaa 4ffaa ti. Yeroo tokkoo tokko karoora barannooti sirnaan gargaaramuun dandeettii barattoonni ishee dhamjechootarratti qaban safaruuf itti karoorfattee madaalti. Kanaafuu, akaakuun madaalli ishee kun maal jedhama?

A. Madaallii idilee
C. Madaallii al-idilee
B. Madaallii calallii
D. Madaallii hiriyaa

54. Sirna tuqaalee keessaa yaada shakkii qabu tokko agarsiisuuf kan nu gargaaru _____ dha.

A. Mallattoo waraabbii dachaa
C. Tuqaa
B. Qoodduu jabaa
D. Mallattoo gaaffii

55. Qajeelfamaa fi odeeffannoo dabarsuuf, akaakuun keeyyata barreeffamuu isa kami?

A. Keeyyata Mormii
C. Keeyyata Ibsaa
B. Keeyyata Seenessaa
D. Keeyyata Addeessaa

56. Tartiiba ijaarsa keeyyataa kan ta'e kami?

A. Tartiiba gochaa
C. Tartiiba bakkaa
B. Tartiiba guddinaa ykn baay'inaa
D. Hunduu deebiidha

57. Kan kanaa gadii keessaa tokko tajaajila hima raajeffannoo miti. Kam ta'uu danda'a?

A. .Akeekkachiisuu
C. Ajaa'ibsiisuu
B. Dinqisiisuu
D. Hunduu deebii ta'u

58. Keeyyata tokko barreessuu eegaluun dura gumee qopheeffachuun murteessaadha. Barbaachisummaa kanaa qabxiin hin ibsine kami?

A. Irra deddeebii yaadaa dhabamsiisuuf
C. Yaadni akka hin irraanfatamneef
B. Duraa duuba yaadaa eeguuf
D. Maxxansuu

59. Himoota kanaa gadii keessaa kamtu adda?

A. Booyyeen lubbu qabeeyyiidha.
C. Tulluun booyyeedha.
B. Tulluun booyyee ajjeese.
D. Booyyeen marga soorata.

60. Lakkoofsi mathima himootaa keeyyata tokko keessatti argamuu hundi yoo wal walfakkaatan, keeyyanni sun _____ qaba jedhama.

A. Xiyyeeffannaa
C. Tokkummaa
B. Walta'umsa
D. Walqabannaa

61. Akaakuu keeyyata kanaa gadii keessaa irra caalaa jechoota dubbistootatti dhaga'aman kan gargaaramee qaammiira namaa fannisu isa kami?

A. Keeyyata seenessaa
C. Keeyyata ibsaa
B. Keeyyata amansiisaa
D. Keeyyata Addeessa

62. Jecha"*birsaga*" sadii hin qabne kanneen kanaa gadii keessaa adda baasi:

A. balbala
C. dadhabsiisuu
B. ganama
D. firummaa

63. Sadarkaa barattoonni waa'ee waan dubbisanii sana namoota biroo waliin mari'ataniifi waan hubatanis jecha ofiin ibsan maal jedhama?

A. Dubbisuun dura
C. Dubbisuun booda
B. Yeroo dubbisuu
D. Hiika jechaa barsiisuu

64. Barataan tokko sirriitti odeeffannoo darbu dandeettii dhageeffachuun fudhachuudhaaf maal fooyyeffachuu qaba?

A. Beekumsa jechootaa dagaagfachuu
C. Fayyadamiinsa dubbii afaanii hubachuu
B. Caasaa himootaa
D. Hunduu deebii ta'u

65. Jechoota,'muka','lafa','laafaa',' karaa' jedhan birsagatti yeroo qoqqoodaman kanneen armaan gadii keessaa sirriitti kan barraa'e isa kami ?

A. m + uka
C. laf + a
B. laaf + aa
D. Ka + raa

66. Kanneen kanaa gadii keessaa kamtuu adda Ykn Kamtu Sirrii mitii?

A. Ka'ii dhaabadhu!
C. Akkam nama kabajaa!
B. Hojii deemi!
D. Bishaan waraabi!

67. Sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo bakka gurguddoo_____qoodama.

A. Afur
C. lama
B. Sadii
D. Shan

68. Birsagni walitti qindaa'uudhaan _____uuma.

A. sagalee
B. jecha

C. hima D. hunda

69. Jechoota kanaa gadii keessaa kan birsaga tokko qofaa qabu kami?

A. yoom C. maal

B. shan D. hunduu deebii ni ta'a

70. Qindaa'ina jechootaa "Dhalli namaa waa sadii jibba deega du'aafi dulluma" jedhu kana hima guutuu taasisuuf sirna tuqaalee kanaa gadii keessaa mallattoon hin barbaachisne kami?

A. Qoodduu jabaa (;) C. Tuq-lamee (:)

B. Qoodduu (,) D. Tuqaa (.)

71. Caacculee barreeffama seenessaa kan hin ta'iin adda baasi.

A. Jaargocha C. Yoomessa

B. Qooddattoota D. Hima ijoo

72. Magartuun barachuu fi sooromuu keessaa kan dursu barachuu akka ta'e ejjennoo qabachuun yaada faallaa kanaa Boonsaan qabate dhiisistee gara yaada isheetti deebisuuf akaakuu_____ti fayyadamuu qabdi.

A. barreeffama seenessa C. barreeffama ibsaa

B. barreeffama amansiisaa D. barreeffa addeessaa

73. Kanneen kanaa gadii keessaa tokko og-barruu jedhamuuf ulaagaalee barreeffamichi guutuu hin qabne adda baasi.

A. Hojii kalaqaa ta'uu C. Jechoota muraasatti fayyadamuu

B. Yoomessa dhugaa qabachuu D. Miidhagina qabaachuu

74. Kanneen kanaa gadii keessaa tokko ogbaruu barreeffamaa miti. Kami ta'uu danda'a?

A. Hiibboo C. Asoosama gabaabaa

B. Dooyii D. Asoosama dheeraa

75. Qaamolee birsaga keessa kan hafuu hin dandeenye kami?

A. Utubaa C. Cufaa

B. Ka'umsa D. Giddugaleessa

76. Deebiin hiibboo, "Ayyoon gabaabduudhaa; yoo teessu, lafaa hin kaatu; yoo dhaantu, namaa hin naatu," jedhu kanaa isa kami?

A. Qawwee B. Dhakaa daakuu

C. Haamtuu
D. Gufuu

77. Sheekkoon seenessaan haala kamiin seeneffamuu danda'a?

A. Asoosamaatiin
C. Walalootiin
B. Hololootiin
D. Hunduu sirriidha

78. Uumama wantoota adda addaa ilaalchisee gaaffilee daa'imman gaafataniif irra caalaatti deebii kenna jedhamee kan yaadamu kanneen kanaa gadii keessaa kami?

A. Sheekkoo seenessaa
C. Sheekkoo dur durii
B. Sheekkoo ibsaa
D. Sheekkoo bineensotaa

79. " Titiisni baay'atteef qodaa hin buqqifattu," mammaaksi jedhu kun maal agarsiisa?

A. Dhugaa
C. Tuffii
B. Gowwummaa
D. Firooma

80. Dubbiin qolaa," Of eegaa sirbi!" jette hantuunni jedhu kun maal jalatti ramadama?

A. Akkasaa
C. Bakka buusaa
B. Nameessuu
D. Arbeessuu

81. Asii gaditti kanneen barreeffaman keessaa, akaakuu iyyannoo xalayaa hojii kan ta'e qofa adda baasi.

A. Xalayaa jaalalaa
C. Xalayaa affeerraa
B. Xalayaa odeeffannoo ittiin gaafannu
D. Xalayaa eebbaa

82. Xalayaan hojiifi xalayaan dhuunfaa jechoota itti gargaaraman irratti illee addaa addummaa qabaachuu danda'u. Kanaafuu, keessumaayyuu xalayaan hojii jechoota _____ti dhimma ba'a.

A. idilee
C. al-idilee
B. Safuu
D. Qaanii

83. Amala afoolaa kan hin ta'iin adda baasi:

A. Uummatummaa
C. Lufummaa
B. Hurruubummaa
D. Deebiin hin kennamne

84. Akaakuuwwan afoolaa keessaa jecha qofaan dhalootaa dhalootaatti kan darbu kami?

A. Mammaaksa
C. Geerarsa
B. Sirba
D. "B" fi "C" sirriidha

85. Mammaaksi,"Bishaan yaa'utu, bishaan ciisu kaasa," jedhu kun maal nu barsiisuu danda'a?

A. Kaayyoo dhabuu
C. Hammeenya balleessuuf
B. Gowwummaa balaaleffata
D. Barbaachisummaa hoogganaa

86. Tolaan asoosama "Godaannisa" jedhu beekumsa waliigalaa argachuuf dhuunfaan yeroo bilisa ta'uun dubbisaa tureetti, gammachuu guddaa argatee jira. Kanaafuu, tarsiimoo inni ittiin dubbise kam ta'uu danda'a?

A. Saffisaan dubbisuu
C. Sakatta'uun dubbisuu
B. Bal'inaa dubbisuu
D. Hunduu sirriidha

87) Mammaaksa ni mammaaku yoo jedhe durdurii_____ jedha.

A. Ni himu
C. Ni tarreessu
B. Ni durduru
D. Ni gabaasu

88) Manni gamaa sun kan Waaqumaati. Inni gamanaa sun _____ kan kooti.

A. fi
C. moo
B. yookin
D. immoo

89) Caacculee diraamaa kan hinta'in isa kami?

A. Taatota
C. Yoomessa
B. Gammachiisaa
D. Ergaa

90) Osoo beeknuu huuba wajjin jette_____. Mammaaksa kana kan guutuu taasisu:

A. Sareen
C. Hoolaan
B. Harreen
D. Gaangeen

91) Haati nama ilaalti ilmoon nama nyaatti. Deebiin hiibboo kanaa:

A. Shiniifi jabanaa
C. Sa'aafi waatii
B. Qawweefi rasaasa
D. Handaaqq oofi cuucii

92) Qotiyyoon keenya karaa deemee hin deebi'u. Deebiin hiibboo kanaa:

A. Bishaan Lagaa
C. Aannani
B. Farsoodha
D. Gaara

93) Kan nama hingeenye farda namaatiin_____jetti.

A. Ganyaa
C. Ushoo
B. Gaangee
D. Kurkur

94) _____mammaakan waa himani. Mammaaksa kana guutuu kan taasisu isa kami?

A. Fiigan fudhatani
C. Jaarsa dhaggeeffatni
B. Uka jalaa baasani
D. Aak jedhan waa tufani

95) Godoo gamaa balbalti lama. Deebiin hiibboo tanaa tami?

A. Funyaan
C. Gurra
B. Ija
D. Afaan

96) Tapha ijoollee ilaalchisee soba kan ta'e isa kami?

A. Tapha ijoollee keessatti ijoolleetu hirmaata
B. Taphni ijoollee ijoollee taphachiisuu malee ergaa hinqabu
C. Tapha ijoollee keessatti manguddoonnis qooda fudhatu
D. Taphni ijoollee sammuu ijoollee cimsuuf fayyada

97. Tolaan farda gurraacha yaabbatee gulufaa dhufe. Hima kana keessatti maqibsiin isa kami?

A. Tolaa
C. Gurraach
B. Farda
D. Dhufe

98. Deeme jedhee deebi'e yoo jedhe soorome jedhee_____ jedha.

A. Argate
C. Duroom
B. Hiyyoome
D. Fayye

99. Nama jedhee namoota yoo jedhe ija jedhee_____ jedha.

A. Ijoota
C. Ijjennoo
B. Ija
D. Ijawwan

100. Gurraaf guurii jennee ijaaf _____ jenna.

A. Ija
C. Cimmaa
B. Kuulii
D. Agartuu

101. Mammaaksota asiin gaditti dhihaatan keessaa kan obsa barsiisu kami?

A. Beekta beekta jennaan qeesiin macaafa dhiqxe.
B. Biyyaa abbaa kootii jedhe injiraan moluu koree.
C. Baddu baddi malee saree ija hindhiqan.
D. Amma barri darbutti mataa gadi qabanna jedhe namichi

102. Namoonni lama waliin haaasawaa turanii yemmuu gargar ba'an maal waliin jedhu?

A. Akkam olte?
C. Badi asii!
B. Ulfaadhaa!
D. Nagaatti

103. Keessummaa alaa balbala qosoqqosaa jiruu fira isaa ta'uu qaawwaan yoo arge abbaan manaa maal jedhaan?

A. Eenyu ati?
B. Oluma seenaa
C. Of eeggadhu
D. Achumatti dhaabbadhu

104) Ati bara dhufu kutaa 8ffaa_____?

A. barsiistaa
C. barsiistuu
B. barsiistee
D. Barsiistan

105) Akkuma dhufeen, natti gore. Hima of danda'aa adda baasi:

A. Akkuma dhufeen
C. Natti gore
B. Dhufe
D. Gore

106) Caalchisaan_____jaalalaa baay'ee beeka; kanaafuu, namni weedduu qorachuu barbaade isa gaafachuu danda'a.

A.gorora
C.weedduu
B.kaarruu
D.booqaa

107) Intalli kun ilkaan ishaa _____dha.

A.booqaa
C.akaaluu
B.kaarruu
D.abasuudni

108) Saani jabbii adda_____dhalte.

A.sakaalaa
C.gororaa
B.kaarruu
D.booqaa

109) Dibaabaan walaloo gaabbii jedhu dubbiseera. Hima kana barreeffama sirrii taasisuuf kamtuu qajeeluu qaba? '

A.'gaabbii'
C."gaabbii"
B.'Gaabbii'
D."Gaabbii"

110) Geerarsa,"Harmee luucaa daggalaa/ Akka muujjaa balbalaa
Harmee koo harma dachaa/ Si dhalee na badachaa." jedhu keessaa jechoota ykn gaaleewwan akka bakka buusaati tajaajilan adda baasi.

A.Harmee luucaa daggalaa,
C.Akka muujjaa balbalaa,
B.Harmee koo harma dachaa,
D.Si dhalee na badachaa,

111) Hima, "Bifti isaa cuqulisa fakkaata," jedhu dubbii qoolaa kam jalatti ramadama?

A.Bakka buusa,
C.Akkasaa
B.Nameessa,
D.Arbeessuu,

112) Kanneen kanaa gadii keessaa yaadni odeeffannoo sirrii hin qabne kami?

A.Mammaaksi af-hololoon dhiyaata.

B.Geerarsi af-walaloon dhiyaata.

C.Hiibboon af-walaloon dhiyaata.

D.Taphanni ijoollee af-walaloon dhiyaata.

113) Mammaaksi,"Jiruu deegaa jiruu seetaa? /Raafuu fixee rafuu didee." jedhuu kun qabiyyeen buusichaa maal agarsiisa?

A. Waldiddaa. C . Sababaafi bu'aa,

B. Jette jedhanii. D.Buusaa Qixxeessaa

114) Kanneen kanaa gadii keessaa kan adda ta'e filadhu.

A.Walqixxummaa C.Filannoo jechootaa

B.Yeedaloo D.Jaargocha

115) Asoosama tokko malleen milkeessuu danda'an kami?

A.Yoomeessa C.Waliin dubbii

B.Ergaa D.Walitti bu'iinsa

116) Bifaafi haala uffannaa argaa sammuutiin akka xinxalu kan nu taasisu kami?

A. Raaga C. Duubdeebisa

B.Addeessa D. Waliin dubbii

117) Faayidaa waan fuulduratti ta'u dursee kan agarsiisu:

A. Ija C. Raaga

B. Waliin dubbii D. Ergaa

118) Jechoota armaan gadii keessaa olka'insaafi gadi bu'insaa sagalee (toonii)tiin hiika adda addaa kennuu kan danda'u kami?

A. Maqaa C. qarree

B. seenaa D. hunduu deebiidha

119) _____konkolaataa hambisuuf of eeggannoon konkolaaachisuun barbaachisaadha.

A. Ballaa C. Balaa

B. Baala D. baallaa

120) Aduun waan baheef lafti _ _ _ _ _ _ _ _ _ _ .

A. qoore B. qore C. qoree D. qorree

121) _____akka marqaa jabaataa akka dhagaa. Jechi bakka duwwaa kana galuu qabu kami?

A. Laafa B. Laafaa C. Lafa D. Lafaa

122) Himni tokko hima_____fi_____qabaachuun dirqama

A. matimaaf xumura
B. matimaaf ibsa maqaa
C. maqibsiifi xumura
D. xumibsiifi xumura

123. Hima Caalaan <u>obboleettisaatiif</u> kophee bite jedhu keessatti jechi jala sararame :

A. Gulummoodha
B. Irraawwatama sirriidha
C. Irraawwatama dalgeedha
D. Durduubeedha

124. Himoota armaan gadii keessatti jeche 'dhahe' jedhu hiika 'kufe' jedhu kan qabaatu jecha kam keessatti

A. Obsaan xaafii dhahe
B. Obsaan uccuu dhahe
C. Obsann nama dhahe
D. Obsaan lafa dhahe

125. Jechi nyaate jedhuu hiika na shakkisiise jedhu kan kennu hima kamiin keessatti?

A. Caalaan laaqana nyaate

B. Lagni Gibee namoota shan nyaate

C. Dubbiin namicha silaa garaa na nyaate.

D. Leenci sangoota lama nyaate

126. Jecha 'doofummaa' jedhuuf hiika faallaa kan ta'e kami?

A. haxxummaa C. qaroomina

B. abshaalummaa D. walaalummaa

127. "Hidda malee xannachi hindhiigu". Hiikti mammaaksa kanaa:

A. Qomoo ofii malee ormi namaaf hingaddu

B. yoo hidda muran malee xannachi dhiiguu hindanda'u

C. hidda malee xannachi dhiiga hingabu

D. Akka Ormaatti firri wal hinjibbu

128. "Walmalee hinqabnu, garaa walhinqabnu," jette urunguun. Gaaleen jala sararame hiikti isaa maal jechuudha?

A. Ulfa miti. C. Walhinbeeknu

B. wal hinjaallannu. D. walsodaanna

129. Afaan Oromoo keessatti sagalee dubbifamaan bakka kamitti jabaachuu hindanda'u?

A) jalqaba jechaatti

B) walakkaa jechaatti

C) xumura jechaatti

D) jalqabaa fi xumura jechaatti

130. Jechoota armaan gadii keessaa tokko sagaleewwan dheeraa leexaadhaan ijaarame.

A) lafee B) sardiida C) laga D) laagaa

131. Tartiiba gochaalee ittoo shiroo qopheessuuf hordofamuu qaban qaamaan argamanii nomootaaf ibsuu caalaa barreeffamaan dubbistootaaf ibsuun maaliif of-eeggannoo guddaa barbaada?
   A) Barreeffamni yoo ifa hin taaneef dogoggorri tartiiba hojii uumuu waan danda'anuuf
   B) Tartiiba hordofuu qaban yoo gogoggoran ittoon qophaa'u minyaa'aa ta'uu waan hin dandeenyeef
   C) Bakka tartiibni hordofuu qaban ifa hin taaneefitti barreessaa gaafachuuf carraa waan hin qabaanneef
   D) Afi Cndeebiidha.
132. Barattoonni og-barruuwwan adda addaa seenessuudhaan shaakalan dandeettiisaanii akka fooyyeeffatan barsiisaan akkamitti gargaaruu danda'a?
   A) Callisee shaakalsiisuun
   B) Seenessee itti agarsiisuun
   C) Barattoota sirriitti seenessuu hin dandeenye akka hin seenessine dhorkuun
   D) Seenessuu shaakaluun barbaachisaa ta'uu itti himuun hubachiisuun
133. Dhukkuba HIV/eedsii ilaalchisee qonnaan bultootaaf barreeffamaan barnoota kennuu namni bardaadu tokko qabxiiwwan ijoo armaan gadii keessaa kamirratti xiyyeeffachuutu barbaachisaa miti?
   A) HIV/eedsiin namarraa namatti akkamitti akka daddarbu
   B) Mallattoolee dhukkuba HIV/eedsii
   C) Malawwan dhukkuba HIV/eedsii ofirraa ittisuuf gargaaran
   D) Seenaa dhukkuba HIV/eedsii
134. Dandeettii barreessuu ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?
   A. Yeroo murtaawaa keessatti fooyya'uu danda'a
   B. Barreessuun shaakaluun hin baratamu

C. Dandeettiiwwan biroo waliin walqabsiisanii barsiisuun hin danda'amu

D. Adeemsa waan ta'eef yeroo yeroon fooyya'aa deema

135. Barataan Afaan Oromootiin afaan hiikkate maaliif "poolisii" jechuuf sagalee /P/ sagalee /f/tti jijjiiree "foolisii" jedha?

A) Sagalee /p/ sagaleessuun ulfaataa waan ta'eef

B) Sagaleen /p/ Afaan Oromoo keessa waan hin jirree fi sagalee ergisaa waan ta'eef

C) /p/ sagaleessuu kan danda'an namoota kennaa qaban waan ta'eef

D) /p/ sagaleessuun qaama dubbii adda ta'e waan barbaaduu fi daa'imman Oromoo qaama dubbi kana waan hin qabneef

136. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu yoo barreeffamu qubee guddaan eegaluu hin qabu?

A) maqaa nama

B) maqaa laggeenii

C) maqaa manneen barnootaa

D) Maqaa Gamtaa

137. Hima "Ni ta'a jennaan harree qalle; hinta'u jennaan harree ganne" jedhu keessatti jechoonni jala sararaman hiika maalii qabu?

A) Maqaa beeyilada kotte-duudaa/ haxoofnee

B) haxoofnee/ maqaa beeyilada

C) Haxoofnee/ qulqulleessinee

D) guurree/ baannee

138. Gosoota hog-barruu armaan gadii keessaa kan umurii dheeraa qabu isa kami?

A) Asoosama dheeraa

B) Sheekoo

C) Asoosama gabaabaa

D) Seenaa

139. Adeemsota waliigaltee hunda keessaa kaayyoon dhaggeeffachuu kan hin taane kami?

A) Odeeffannoo kennuu

B) Jechoota dubbataatti hiika kennuu

C) Odeeffannoo fudhachuu

D) Hubannoo argachuu

140. Nama madaa'e tokkoon "Madaa saree siif yaa ta'u" yoo jedhaniin:

A. Eebbisuudha

B. Abaarudha

C. Arrabsuudha

D. Tuffachuudha

KUTAA II: BEEKUMSA OGUMMAA BARNOOTAA(MALA BARUU BARSIISUU) **30%**

I. Gaaffilee dhiyaataniif qubee deebii sirrii qabatee jira jettu filannoo afran keessaa filachuun , qub-guddaa fayyadamuun, waraqaa deebii si kennamerratti guuti.

141. Tooftaalee ga'umsaan dubbisuu fooyyessuuf gargaaran keessaa, irra caalaa barattoota dubbisuu sodaataniitti ija jabina hora jedhamee kan yaadamu kami?

A. Hiriyaa waliin dubbisuu
C. Akkeessuun dubbisuu
B. gurmuun dubbisuu
D. deebiin hinkennamne

142. Akaakuuwwan madaallii keessaa, barattoonni maaltu akka isaanirraa eegamu akka beekaniifi barsiisonni ittifufiinsaan bu'aa qabxii isaanii akka galmeessaniif gargaara; akkasumas, dhugummaafi amansiisummaa qabxeessuutiifis kan gumaachu kun maal jedhama?

A. Portifooliyoo.
C. Yaadannoo galmee
B. Ruubiriikii
D. Daawwannaa

143. Gammadaan barsiisaa mana barnootaa sadarkaa 1ffaa ti; bu'uuruma kanaan, barachuu barattoota isaa bu'a qabeessa taasiisuuf, haala marsaa walirraa hincinneen ruqoolee kamitti gargaaramuu qaba?

A. Malleen barsiisuu
C. Tooftaalee madaallii
B. Sirna barnootaa
D. Hunduu deebii ta'u

144. Barattoonni dirqama amala si'aawuufi of danda'anii hojjachuu horachuun muuxannoo isaanii osoo wal hin jijjiiriin haala qabatamaafi dhugaa ta'een madaalamuun isaanii akaakuu madaallii kamii agarsiisa?

A. Madaallii hiriyyaa
C. Of madaallii
B. Madaallii bu'aa
D. Madaalli al-idilee

145. Xiinsammuu gorsaa barachuu keessatti barsiisaan/tuun gorsaa/ituu yoo ta'u/taatu, barataan/tuun immoo maamila ta'uu kan agarsiisu mala_____jedhama.

A. Hawaasummaa afaan barachuu
C. Mala kallattii
B. Dhaggeeffatanii dubbachuu
D. Mala jijjiirraa seerlugaa

146. Karoorri baruu-barsiisuu eenyuun fayyada jettee yaadda?

A. Barsiisaa/tuu
C. Barattoota
B. Bulchiinsa barnootaa
D. Hunduu deebii ta'u

147. Tarsiimolee haasaa keessatti dhiyeessa dubbii afaanii dagaagsuuf sadarkaan gargaaru maal jedhama?

A. Seensa
C. Qaama
B. Xumura
D. Hunduu deebiidha

148. Malli baruu barsiisuu fedhii barattootaa guutuuf hangam bu'a qabeessa akka ta'e wantoonni murteessan kanneen kanaa gadii keessaa kami?

A. Xiyyeeffannoo barnootaa
C. Haala qophii barannoo
B. Bal'ina garee
D. Hunduu deebii ta'u

149. Malli dubbisuufi barreessuutti xiyyeeffannoo guddaa kennee, dubbachuufi dhaggeeffachuutti immoo xiyyeeffannoo xiqqeessu maali jedhamuun beekama?

A. Mala kallattii
C. Mala jijjiirraa seerlugaa
B. Mala dubbii qaamaa waliigalaa
D. Mala saajeestooppoodiya

150. Barsiisaan/tuun Afaan Oromoo tokko jijjiirama ilaalcha barattoota isaa/ishee, barannoo kennamuun booda, dandeettiiwwan ogummaafi beekumsaa argachuu danda'aniirratti kaayyoleen barannichaa maali hammachuu qaba?

A. Murna yaad-sammuu
C. Murna ilaalchaa
B. Murna qaam-sammuu
D. Hunduu deebii ta'u

151. Murtee gocha baruu-barsiisuu keessaa, kamtuu dursuu qaba?

A. Barattoota madaaluu
C. Barannoo karoorsuu
B. Barattoota barsiisuu
D. Hojii daree kennuu

152. Murni jijjiirama qaam-sammuu salphaarraa gara cimaatti kan dagaaguu danda'uudha; kanaafuu, sadarkaan inni salphaan kam ta'u mala?

A. Akkeessuu
B. Sirreeffachuu
C. Sosochoosuu
D. Qindeessuu

153. Barsiisaan afaanii dubbisa barattootasaaf filuuf dursee maal gochuu qaba?

A. Qulqullinasaa madaaluu

B. Sadarkaa dandeettii barattootasaaf mijaawaa ta'uu madaaluu

C. Fedhii barattootaa kan guutu ta'uusaa madaaluu

D. Martinuu Deebiidha.

154. Karoora wayitii tokkoof qopheeffate erga barsiisee booda, haala barnoonni guyyaa itti kenname of duuba deebi'ee madaaluun maaliif barbaachisaa ta'a?

A. Barnoota guyyaa irra deebi'ee barsiisuuf haala mijaawaa uummachuuf

B. Qaama hir'inaa mudatan beekee wayitii itti aanutti fooyyessuuf karoorfachuuf

C. Qaama ciminasaa beekee itti boonuudhaaf

D. Martinuu deebiidha.

155. Madaallii barattootaa haala fedhii barattootaa mara ilaalcha keessa galcheen geggeessuuf barsiisaan maal gochuutu irraa eegama?

A. Madaallii gosa tokko kan gaaffilee cimoo, salphaa fi giddu-galeessa of keessatti qabate qopheessuudhaan qoruu

B. Madaallii gosa adda addaa barattoota fedhii adda addaa qabaniif mijaawoo ta'an fayyadamuu

C. Madaallii xumuraa fi walakkaa seemisteeraa akka madaallii bu'uuraatti fayyadamuu

D. Madaallii gosa kamiyyuu caalaa hirmaannaa daree keessaa akka madaallii amansiisaatti fayyadamuu

156. Adeemsa baruu fi barsiisuu afaan tokkoffaa keessatti dogoggorri akkamitti hubatamuu qabaa?

A. Dogoggorri gochaa gadhee barattoonni amaleeffachuu hin qabnedha.

B. Barattoonni dogoggoran yoo adabaman dogoggora uumuurraa of qusatu.

C. Dogoggoruun qaama barnootaa waan ta'eef balaaleffatamuu hin qabu.

D. Barattoonni dogoggora uuman kanneen iro amala gadhee barsiisu.

157. Barnoota Afaan Oromoo keessatti dandeettiiwwan afaanii afran keessaa dubbisuu fi

barreessuuf maaliif yeroo hedduun kennamaa?

A. Dubbisuu fi barreessuun dandeettiiwwan biroo caalaa bu'a-qabeessa waan ta'aniif

B. Dubbisuu fi barreessuun jireenya hawaasummaatiif murteessoo waan ta'aniif

C. Dubbisuu fi barreessuun mallattoo namoota baratanii waan ta'aniif

D. Dubbisuu fi barreessuun erga mana barumsaa galanii booda barachuu waan eegalanuuf

158. Madaallii karoora malee yaadolee deebii barattootaarratti hundaa'u kami?

A. Madaallii xumuraa C. Madaallii al-idilee

B. Madaallii idilee D. Hunduu deebii ta'u

159. Barattoonni hojiin garee yoo kennamu gareewwan tokko tokko saffisaan xumuranii gareewwan biroo akka hin jeeqne barsiisaan tarkaanfii fudhachuu qabu isa kami?

A. Akka callisan akeekkachiisuu

B. Yaada garee xumuree dhaggeeffachuu.

C. gareewwan hafan akka saffisaan xumuranu gochuu

D. Garee xumureef hojii biroo kennuu

160. Barattoonnii, erga qubee faarsanii booda, Boca qubee akka tolchaniif taasistee, tooftaan ittiin barsiisaa jiru kun kaminni?

A. Barreeffamaan shaakalchiisuu

B. Dubbisuun barsiisuu

C. Gochaan barsiisuu

D. Dhaggeeffachuu shaakalchiisuu

161. Barsiisaan Afaan Oromoo amaloota keeyyataa barattootaaf jalqaba afaaniin ibse; itti aansee, barreessee itti agarsiise; dhumarratti, keeyyata yoo barreessise barattoota tarsiimoolee barachuu kamiin filatanutu fayyadama?

A) Barattoota ilaaluun baratanu (ij-ulee)

B) barattoota dhaggeeffachuun baratan (gur-ulee)

C) Barattoota hojjechuun baratan (hoj-ulee)

D) Barattoota ij-uleeni, gur-ulee fi hoj-ulee

162. Kanneen armaan gadii keessaa malleen baruu barsiisuu filachuurratti kan dhiibbaa hingeessisne kami?

A. Kaayyoo barnootaa

B. Qabiyyee barnootaa

C. Haala hoggansa mana barumsaa

D. Haala qabatamaa barattootaa

163. Tarsiimoolee dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaaran armaan gadii keessaa kamtu filatamaadha?

A. Dubbachuu qofaatti barsiisuun gara barreessuutti taruu

B. Dhaggeeffachuu qofaatti barsiisuun gara dandeettiiwwan birootti taruu

C. Dandeettiiwwan afaanii afuran qofa qofaatti addaan baasanii barsiisuu

D. Dandeettiiwwan afaanii afran walitti fidanii (wal-qabsiisanii) barsiisuu

164. Gosoota barnootaa kanneen biroo caalaa afaan mala od-ibsaatiin barsiisuun maaliif mijaawaa miti?

A) Afaanii kennaa dhalootaan argamu waan ta'eef mala od-ibsaatiin barsiisuun rakkisaadha.

B) Dubbachuun, dhaggeeffachuun, barreessuunii fi dubbisuun beekumsa waan ta'aniif mala od-ibsaatiin barachuuf mijaawaa miti.

C) Dubbachuun, dhaggeeffachuun, barreessuunii fi dubbisuun beekumsa osoo hintaane dandeettii waan ta'aniif malli od-ibsaa mijaawaa miti

D) Deebiin hin kennamne.

165. Barattoonni dubbisuu yoo baratan dandeettiiwwan gadifageessanii yaaduu, rakkoo hiikuu fi barreessuu akka gabbifatan gargaaruuf barsiisaan maal gochuu qaba?

A) Mala baayyee gaarii tokko filatee yeroo mara itti fayyadamee barsiisuu

B) Tarsiimoo barsiisuu bu'a-qabeessa ta'e tokko yaalanii heddumminaan itti fayyadamuu

C) Gilgaalota dandeettii gadifaggeenyaan yaaduu, rakkoohiikuu fi barreessuu fooyyeffachuuf gargaaran hojjechiisuun yemmuu dogoggoran sirreessuu fi qajeelchuu.

D) Gaaffilee salphaa barattoonni marti deebisuu danda'an gaafachuu

166. Dubbisa keeyyatoota sadii qabu bakka sadiitti qoodnee, jalqaba keeyyata tokkoffaa duubisanii yaada keeyyata lammaffaa akka tilmaaman, itti aansineemmoo, keeyyata lammaffaa dubbisanii tilmaamnisaanii sirrii ta'uu akka mirkaneeffatanuufii yaadaa keeyyata sadaffaammoo akka tilmaaman yoo qajeelfama kennine, barattoonni keenya dandeettii maalii gabbifatu?

A) Dandeettii saffisaan dubbisuu

B) Dandeettii osoo hindubbisin carraadhaan yaada keeyyata itti aanuu beekuu

C) Dandeettii yaada dubbisanirratti hundaa'anii kan isa itti aanu tilmaamuu

D) Dandeettii sakatta'aan dubbisuu

167. Of-madaallii barataaan geggeessurraa bu'aa gaariin akka argamu barsiisaan maal gochuu qaba?

A) Barattoonni akka of-madaalan gochuun gosoota madaallii biroo dhabamsiisuu

B) Firii of-madaallii isaaniirratti hundaa'uun qabxii kennuun dabruu fi kufuusaanii murteessuu

C) Barattoonni of-madaaluu akka baratan gargaaruuu fi deeggaruu

D) Of-madaallii barattootaa heddummeessuun gosoota madaallii biroo xiqqeessuu

168. Hirmaannaa barataan dhuunfaadhaan hojii daree keessatti yeroo yeroon agarsiisu madaaluuf tooftaa filatamaan isa kami?

A) Madaallii xumuraa geggeessuu

B) yoo hojii garee hojjetan hordofuu

C) Battallee kennuu

D) hiryootasaa gaafachuu

169. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu ulaagaalee karoorri barnoota guyyaa guutuu qabu miti?

A) Safaramuu danda'uu

B) wayitii tokko keessatti xumuramuusaa

C) Kaayyoon gooroo ta'uu

D) kaayyoon gooree ta'uu

170. Dubbisa barsiisaan Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisu tokko baayyisee dhuunfaan barattoota dubbisiisuuf qopheesse keessa jechoota haaraa isaan hiikasaanii hinbeekne hedduun yoo jiratan kanneen armaan gadii keessaa mala kamiin fayyadamuutu caalaatti filatama?

A) Jechoota haaraa kunneen mara funaanee hiikasaanii barattootaaf dubbisa dura ibsuufii

B) Barattoonni dubbisuu eegaluun dura hiika jechoota kunneenii galmee jechootaa keessaa akka barbaadan ajajuu

C) Jechoota kunneeniif xiyyeeffannoo osoo hinkennin callisee dubbisiisuun hiikasaanii erga dubbisanii booda ibsuuf

D) Jechootaa muraasa barattoonni ergaa dubbisichaa akka hinhubanne gufuu ta'an

dursee hiikasaanii ibsee kanneen hafan galumsarraa akka tilmaaman gochuu.

171. Kanneen armaan gadii keessaa hir'ina madaalliin xumuraa hojii baruuf barsiisuu keessatti qabu kan ibsu kami?

A) Ga'umsa barattootaa sirriitti hin madaalu.

B) Qabxii barattootaa galmeessuu fi qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuuf hin fayyadu.

C) Hir'inasaanii akka hubatan barattootaaf carraa hin kennu.

D) Hir'inasaanii akka fooyyeffatan barattootaaf carraa hin kennu.

172. Barsiisaan Afaan Oromoo, kutaa ja'affaa, barattootasaa dhuunfaadhaan sheekoo dubbisiise. Itti aansee, sheekoo dubbisan kitaaba cufanii gareen dabareen akka waliitti himan taasise. Dhumarrattimmoo, ergaa fi yaada sheekoo sanarratti qaban barreeffamaan akka waliif ibsan carraa yoo kenneef, barsiisaan kun dandeettiiwwan afaanii afuran keessaa kamiin barsiise?

A) Dubbisuu B) Dubbachuu C) Barreessuu D) Dhaggeeffachuu

173. Barattoonni hojiin garee yoo kennamu gareewwan tokko tokko saffisaan xumuranii gareewwan biroo akka hin jeeqne barsiisaan tarkaanfii fudhachuu qabu isa kami?

A) Akka callisan akeekkachiisuu

B) gareewwan hafan akka saffisaan xumuranu gochuu

C) Yaada garee xumuree dhaggeeffachuu

D) Garee xumureef hojii biroo kennuuf

174. Haala barreeffama tokko itti dubbisnu kan murteessu:

A) Mata duree dubbisichaa C) Haala barreeffamichaa

B) Kaayyoo dubbisuu D) Sadarkaa barnootaa

175. Ogummawwan afaanii armaan gadii keessaa Uummata Oromoo biratti xiyyeeffannoo guddaa argachaa kan ture kami?

A) Barreessuu C) Dubbachuu

B) Dubbisuu D) Dhaggeeffachuu

176. Malli afaan barsiisuu hammayyaa:

A) ogummawwan afaanii adda addatti barsiisuu jajjabeessa

B) Seerluga qaaccessuu jajjabeessa

C) Ogummawwan afaanii hunda walfaana shaakalsiisuu jajjabeessa

D) Beekumsa afaaniirratti xiyyeeffata

177. Yeroo dubbisuu barsiistu:

A) barattoonni callisuun akka dubbisan taasisuu qabda

B) barattoota muraasa daree keessaa filachuun sagalee isaanii olkaasuun akka dubbisantaasisuu qabda

C) quba isaanii sararara oofuun akka dubbisan taasisuu qabda

D) hiika jechootaa tokko tokkoon galmee jechootaarraa akka ilaalan gargaaruu qabda.

178. Afaan dhalootaa barsiisuu keessatti kamtuu irra caalaa xiyyeeffannoo argachuu qaba?

A) afaanichuma barsiisuu

B) waa'ee afaannichaa barsiisuu

C) dubbachuu barsiisuu

D) jechoota barsiisuu

179. Biyyoota Awarooppaa keessaa kan ogummaan barreeffama Oromoo jaarraa 19^{ffaa} keessatti eegalee babal'ataa turee eessa?

A. Ameerikaa B. Jarman C. Faransaayi D. B fi C'n deebiidha

180. Akaakuu dubbachuu kan hin ta'iin kami?

A) sheekkoo ykn qoosaa himuu

B) haasaa nama lama gidduu

C) haasaa kabajaa

D) deebiin hin kenname

181. Mala dubbachuu barsiisuuf gargaaru kan hin ta'iin kami?

A) falmii

B) mala ibsaa

C) Marii

D) hunduu deebii ta'u

182. Mammaaksa "Sangaan marga arge boolla hin argu," jedhu keessatti ergaan isaa kan mul'isu:

A. of eeggannoo dhabuu B. tuffii C. kabaja D. Eebba/content

183. Yeroon garmalee beela'e, dadhabe ykn muge, xiyyeeffannoon dhaggeeffachuu waanan hin dandeenyeef yaadasaa hubachuu hin danda'u. Rakkoon kun:

A) kan haala dhaggeeffatichi keessa jiruu
B) kan qabiyyee dhaggeeffatamuu
C) kan dubbataa
D) hunduu deebii ta'u

184. Mata dureensaa yoo natti tole malee dhaggeeffachuuf hin dhiphadhu. Yaadota ijoofi barbaachisoo ta'anis barsiisaan irra deebi'uudhaan yaadannoos nu qabsiisuu waan danda'uuf dhaggeeffachuuf of hin dhiphisu. Rakkoon kun:

A) kan dubbataa
B) kan yoomessa dubbichaa
C) kan dhaggeeffataa
D) deebiin hin kennamne

185. Barattoonnii daree keessa jiran 65 osoo ta'ani, tooftaan hunda isaanii dubbatanii ittii hirmaachuu danda'an kami?

A. Hojii dhuunfaa B. Marii garee C. Ibsa barsiisaa D. Afi C n deebiidha

186. Malli ogummawwan haaraa barattoonni maatii fi hawaasa keessaa barachuu hin dandeenye barsiisuuf gargaaru kami?

A) mala ibsaa
B) mala ajajaa
C) mala firii ykn bu'aa
D) hunduu sirriidha

187. Dubbannaa barsiisuuf malli filatamaa ta'e kami?

A) Falmii.
B) TV
C) Video
D) Hunduu sirriidha

188. Afoolli qabeenya hawaasa keessaa burqu. Kanaafuu, barattooni beekumsa afoolaa akka cimsataniif maal gochuutu barsiisota afaaniirraa eegama?

A. Maatiifi ollaa gaafatanii akka dareetti fidanii dhufan taasisuu
B. Isa kutaatti baratan akka maatii isaaniitti himan taasisuu
C. Kitaabota gara garaarraa dubbisanii akka dhufan taasisuu
D. Isa barsiisonni itti himan sirriitti akka qo'atan taasisuu

189. Mata duree haaraa tokkorratti barattootaaf hojii yemmuu laannu waan hojjechuu qaban sirriitti akka beekaniif barsiisaarraa maaltu eegama?

A. Fakkeenya laatee sirriitti hubachiisuu
B. Gaaffilee ifa ta'an qofa itti laachuu
C. Gaafileefi deebii walfaana itti laachuu
D. Deebiin eesstti akka argamu itti himuu

190) Hiika jechootaa akka gabbifatan barattoota keenya barsiisuu kan qabnu haala kamiini?
   A. Jecha dhaga'an sammuutti qabatanii akka deeman taasisuu
   B. Jecha beekaniifi kan hinbeekne walitti makanii qo'achiisuu
   C. Hima keessatti haala galumsaatiin akka hubatan taasisuu
   D. Jechoota afaan birootti jijjiirudhaan akka qo'atan taasisuu

191) Barsiisaan barreeffama matadureen isaa 'nyaataa aadaa' jedhu fayyadamuudhaan dubbisuu barsiisuu barbaade tokko gaaffilee dubbisaan duraa keessatti gaafachuu kan danda'u isa kami?
   A. Ergaan barreeffama dubbiste kanaa maali?
   B. Nyaata aadaa naannoo keetti beekamu himi.
   C. Gosoota nyaata aadaa addaan baasii ibsi.
   D. Keeyyata tokkoffaan waa'ee maalii odeessa?

192) Barattoota gaaffilee qopheessineefirratti akka mari'atan taasisuuf yemmuu garee uumnu kanneen armaan gadii keessaa tokkorratti sirrii miti. Kam inni?
   A. Barattoota ciccimoo ta'an addatti gurmeessuu
   B. Barattoota dadhaboofi ciccimoo waliin gurmeessuu
   C. Barattoota giddu galaafi dadhaboo waliin gurmeessu
   D. Barattoota shamarraniifi dhiiraa waliin gurmeessuu

193) Battalleen barattootaaf qopheessinu kanneen armaan gadii keessaa kan akkamii ta'uu qaba?
   A. Kan barattoota sodaachisuufi abdii kutachiisu
   B. Kan barattoota naasisuufi barsiisaa kabachiisu
   C. Kan barattoota aarsufi barnoota jibbisiisu
   D. Kan dhimma baratan yaadachuu isaanii madaalu

194) Barattoota shamarraniifi dhiiraa kutaa tokko keessatti baratan akkamitti walqixa hirmaachisna?

A. Gaaffii yemmuu gaafannu hundumaaf carraa laachuu
B. Gaaffii yemmuu gaafannu barattoota shamarran qofa gaafachuu
C. Gareetti yemmuu qoonnu saalaan adda baafnee teessisuu
D. Kutaa keessatti barattoota dhiiraa qofa haalaan jajjabeessuu

195) Karoora guyyaa yemmuu qopheeffaatu daqiiqaa wayitii tokko keessatti siif ramadame dhimmoota kamfa'arratti hundooftee addaan qoqqooddatta?
A. Barnoota darbe yaadachiisuufi waan har'a dalagan itti laachuu
B. Seensa laachuu, dhiheessuu, cimsuufi isa baratan sana madaaluu
C. Barnoota yeroo darbe yaadachiisuufi isa har'aa gaaffidhaan madaaluu
D. Barattootatti hojii laatanii waan isaan dalagaa jiran hordofuu

196) Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan osoo kutaa kee keessatti argamanii akkamiin jajjabeessita?
A. Haaluma barattoonni Afaan Oromootiin afaan hiikkataniitti.
B. Yaalii isaanii jajjabeessudhaan akka hirmaatan taasisuu
C. Akka isaan hinhirmaanne carraa itti cufuudhaan qancarsuu
D. Yoo danda'an akka hirmaatan carraa laachuun jajjabeessuu

197) Barattoonni jechoota Afaan Oromoo qubee sirriidhaan barreessuu akka danda'an barsiistuun afaanichaa maal gochuu qabdi?
A. Yeroo hundaa qubee Afaan Oromoo takka takkaan barsiisuu qabdi
B. Yeroo hundaa jechoota Afaan Oromoo tarreessitee bareessuu qabdi
C. Waan barattoonni barreessan hordoftee dogoggora isaanii itti mul'isuu qabdi
D. Barreeffama isaanii hordofuudhaan akka hindogoggorre akeekkachiisuu qabdi

198) Qormaata qophaa'eef barattoonni hunduu guutumaa guutuutti yoo deebii kennan waa'ee qormaata kanaa ilaalchisee dhugaa kan ta'e kami?
A. barattoonni kutaa sanaa baay'ee ciccimoodha
B. qormaanni sun barattootatti baay'ee cimee jira
C. qormaatichi sadarkaa barattootaa kan madaalu miti
D. barattoonni hunduu beekumsa walqixxee qabu

199) Dandeettii dhaggeeffachuu barsiisudhaaf meeshaan deeggarsaa sirriitti nu gargaaruufi baasii tokko malee kan itti fayyadamuu dandeenyu isa kami?

A. Dhimma barnootaaf ta'u qopheessanii raadiyoodhaan dhiheessuu
B. Dhimma barnootaaf ta'u irra deddeebi'anii dubbisanii seenessuu
C. Dhimma barnootaaf ta'u teelevijiinidhaan barattoota qaqqabsiisuu
D. Dhimma barbnootaaf ta'u haalaan qopheessanii barattootaaf raabsuu

200) Barsiisaa afaanii guyyaa hundaa gara kutaa barnootaa osoo hindeemin dura dhimmoota raawwachuu qabu keessaa murteessaan isa kami?

A. Uffata adii uffatee kutaa seenu uffachuu
B. Kophee haaraa bitatee seeraan kaawwachuu
C. Waan barsiisuu qabu dubbisee itti qophaa'uu
D. Qabxiilee kutaatti barattoonni kaasan yaadachuu

Gaaffilee Shaakallii Afaan Oromoo ***Eebbifamtoota Sagantaa Dippilomaan KBB Bara 2012 fi Kanneen Irra Deebiin Qorumsa Mirkaneessa Madaallii Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e***

Deebii Gaaffilee Afaan Oromoo							
L.Gaaffii	Deebii	L.Gaaffii	Deebii	L.Gaaffii	Deebii	L.Gaaffii	Deebii
1	D	51	B	101	D	151	C
2	D	52	A	102	D	152	A
3	C	53	A	103	B	153	D
4	A	54	D	104	A	154	B
5	B	55	C	105	C	155	B
6	A	56	D	106	C	156	C
7	C	57	A	107	B	157	D
8	C	58	D	108	D	158	C
9	B	59	C	109	B	159	D
10	C	60	B	110	A	160	C
11	C	61	D	111	C	161	B
12	B	62	C	112	A	162	C
13	B	63	C	113	A	163	D
14	C	64	D	114	D	164	C
15	C	65	D	115	C	165	C
16	C	66	C	116	B	166	C
17	B	67	C	117	C	167	C
18	A	68	B	118	D	168	B
19	D	69	D	119	C	169	C
20	A	70	A	120	A	170	D
21	D	71	D	121	B	171	C
22	D	72	B	122	A	172	A
23	C	73	B	123	B	173	D
24	A	74	A	124	D	174	B
25	B	75	A	125	C	175	C
26	B	76	D	126	C	176	C
27	A	77	D	127	A	177	A
28	B	78	B	128	B	178	B
29	A	79	C	129	D	179	C
30	D	80	B	130	D	180	D
31	B	81	A	131	D	181	B
32	D	82	B	132	B	182	A

33	C	83	D	133	D	183	A
34	A	84	A	134	D	184	C
35	C	85	D	135	B	185	A
36	A	86	B	136	D	186	A
37	B	87	A	137	A	187	A
38	A	88	D	138	B	188	A
39	A	89	C	139	A	189	A
40	D	90	A	140	A	190	C
41	C	91	B	141	B	191	B
42	A	92	A	142	B	192	A
43	B	93	D	143	D	193	D
44	A	94	D	144	C	194	A
45	B	95	A	145	A	195	B
46	D	96	B	146	D	196	B
47	A	97	C	147	D	197	C
48	A	98	B	148	D	198	C
49	C	99	B	149	C	199	B
50	D	100	C	150	D	200	C